

***BARREEFFAMNI GABAABDUN
KUN WALALOOWWAN
ISLAAMAA MURAASA OF
KEESSATTI KAN
QABATTEEDHA, DUBBISAA
ITTIIN BOOHARAA***

1, SEENSA

Bismillah jedheetan

Dhaamsa koo jalqabaa

Amrii waan hundaatuu

Isatu harkaa qabaa.....

**Furmaanni waa
maraa**

Rabbin harka jiraa

Har'aa addunyaa

fi

Borummoo aakiraa..

**Raahmata nuuf
goonan
Ilaahin ol aanuu
Akka hojii keenyyaa
Taabba takka hin
baanuu....**

**Badii xiqqoof
guddoo**

**Meeqa balleessinee
Abbaa biraa hin
qabnu**

Isatti dheessinee....

**Raahmata nuuf
godhee**

Nuuf araaramuu

Azaaba isaarraa

Warra baraaramuu....

**Rabbiin nu haa
godhu**

Jara milkiin tolee

Addunyaaf aakiraas

Cinqirraa ofkalee....

2, Anoo si yaadeera

**Erga gargar baanee
Waggaa tokko geenyee
Yaaddoon kee na miidhe
Si obsuu hin dandeenyee...
 Sekondiin daqiiqaa
 Guyyaan torbii ta'ee
Tokko lama jechuun
Torbiinis naanna'ee
Wal arguuf geenyeerra
Kunoo waggaan ga'ee.....
Bareeda akka kee
Hin argine takkaa**

**Haalaaf amalli kee
Qalbii nama rakkaa...**

**Waa garaa hin jabaattuu
Tasa garaa laaftaa
Jaalalaan moo'attee**

**Hunda qalbii raaftaa.....
Waggaatti al tokko
Naaf taatee keessummaa
Osoo si jaaladhuu
Si dhabus tasumaa..
Amma wal arguufi
Alhamdulillaahi
Kan waliin nu gaheef
Galata ilaahi...
Kan qabattee deemtun**

**Gumaata gurguddaa
Osoo adda hin qoodin
Isa xiqqaaf guddaa....
Hundumaaf kennita
Nama qabuuf qalbii
Jaalallee koo dhugaa
Yaa badhaasa rabbii...
Nama waliin oodus
Walitti araarsitaa
Jaalalaan moo'attee
Qalbii xahaarsitaa..
Ahriibuu ramadaan
Jaalallee koo haqaa
Qalbiin koo gammaddee
Si waamuudhaf maqaa**

Namni hundi beeka

Akka laaftu garaa

Waa sitti dhaammadha

Ramadaan hadaraa....

Badhaasawwan qaalii

Kan kee san naaf laadhuu

Akkan guyyaa boruu

Cinqirraa fagaadhuu.....

Lakkaa'amee hin dhumu

Wanti an haajamuu

Badhaasa keetirraa

Akka fayyadamuu.....

Rabbii koon kadhadhaa

Isa si naaf kennee

Isa baasif xaarii
Naaf kafalaa hin jennee....
Waa'ee kee dubbachuuf
Jechi naaf hin gahuu
Ji'a carraan milkii
Keessa namaaf bahuu.....
We have no good deeds
Yellen bogo siraa
Zaaree ba adduniyaa
Nagee ba aakiraa
Keeyrin kumaatamni
Bar si keessa jiraa.....
Hunduu si jaalata
Eenyutuu si jibbaa
Waa takka hajjannee

Kan argannu dhibbaa...
Ji'a carraan guddaan
Keessatti kuufamee
Kan Quraanni rabbii
Keessatti buufamee
Silas waa'eeen kan kee
Yoom himamee dhumaa
Halkan tokkichisaa
Caalu baatii kumaa....
Yaa leeylatul qadr
Halkan kabajamaa
Ji'a ramadaanaa
Keessatti argamaa
Rabbiin nu godhuu
Irraa fayyadamaa

**Barreessee fixuudhaf
Waa'ee ramadaanaa
Waa dandeettii hin qabu
Humni koo gadi aanaa
Dacheen kun waraqaa
Mukni immoo qalamaa
Barreessanii fixuun
Mee yoom danda'amaa....
Dhaamsa koo gabaabduu
Yoo waliin geessanii
Itti fayyadamuuf
Hamma dandeessanii....
 Anaas du'aayiidhan
Akka hin dagannee
Badhaasni guddaan kun**

Akka na hin hanqannee...

RAMADAN MUBARAK....!!!!!!

**2, Ana beektuu
laata?**

**Ji'a sadi guute
An ergan dhaladhee
Miseensa baay'isee
Humna dabaladhee
Yeroo gabaabdutti
Addunyaa qabadhee..**

**Qilleensarra kaadha
Ijaan hin mul'adhuu
Sagalees ol fuudhee
Namatti hin dubadhuu..
Osoo hin mul'atin
Hojii koo eegalee
Eenyus hin sodaadhu
Rabbii guddaa malee.....**

**Guddinni Ameerikaa
Dhaloonni chaaynattii
Dhiifama naaf godhaa
Kan aartanis nattii...
Ammaaf ana qofa
Eenyu mootin biraa
Mootummaan addunyaa
Harka kan koo jiraa....**

Warra samii bahee
Ji'a gubbaa yaabee
Manatti dachaasee
Sochii jaraa dhaabee..

Mootota addunyaa
Kan qaban dhageettii
Waarra misaa'elaa
Warra taankif jeettii...

Anoo harka duwwaa
Hunda jaraa cabsee
Ol aantummaa kan koo
Addunyaadhaf labsee

Rabbii guddaa malee
Homtuu na hin dandeenyee
Ammas itti fufaa

Bakka yaade hin geenyee....
Mootin Ameerikaa
Inni dhugaa haalee
Ummata musliimaa
Boombiidhan awwaalee..
Lubbuu musliimotaa
Miliyoonan nyaatee
Anoo mataa yaabnan
Kinoo harka laatee....
Kan musliimarratti
Dur shira foo'anii
Har'a harka laachuun
Imimmaan boo'anii....
Na dhaabuu hin danda'u
Ammas namni kamuu
Mirgi musliimotaa

Hanga kabajamuu.....

Hojiin koo hin dhaabbatu

Ammas itti fufaa

Osoo ati hin beekin

Tasa loo'ee dhufaa..

Wanti isinii dhaamu

Ummata musliimaa

Tooftaa na mootaniin

Mee isiniif himaa.....

Rabbitti deebi'aa

Araarama kadhaa

Dilii guddoof xiqqoo

Hundumaa toowbadhaa

Du'aayii baay'isaa

Ibaadaa jabeessaa

Darbuu yoo barbaaddan

Yeroo kana keessaa.....

Beellamni koo ga'ee

Hamma bahuu biyyaa

Hunduu na baqadhaa

Amma yeroon kiyyaa.....

Maqaa koo barbaannan

Koroonaa jedhamaa

Galaafachaan jira

Lubbuu kumaatamaa..

Ammallee hin quufne

Beelli natti jiraa

Lubbuu namaa malee

Hin nyaadhu waan biraa...

Eenyulleen hin bahu

Ana jalaa dheessee

Meeqa galaafadhee

**Meeqa ammoo madeessee
Inshallah ni gala
Gaafa yeroon geessee.....
Ani koroonadha
Hundinuu na baraa
Anoo dhufaa jiraa
Naaf gadhiisaa karaa....**

**3, Godaannisa
Musliimotaa fi
Mootota Itoophiyaa**

**Asalaamualeykum
Obbleewwan diinii**

**Waa xiqqoo dubbadhu
Naan jette qalbiinii
Caalaa ummatoota
Nu godhus rabbiinii...
Har'a akkam jirra
Kaleessa eessa turree
Gargar faffacaanee
Nutoo taanan burree.....
Yahuudaaf nasaaran
Nurratti walkaaftee
Luubbuu musliimotaa
Lafarraa mancaaftee....
Lafarraa balleessuuf
Qabaatanis hawwii
Silas karaan haqqii**

Hin dhabu adawwii....

Jalqaba ifaan diinii

Addunyaadhaf ifee

Ergamaan ilaahii

Haqqii qabee dhufee.....

Adawwiin balleessuuf

Wanta meeqa gootee

Booddee dharti kuftee

Haqqiin biyya mootee...

Handhuura addunyaa

Hundaafuu walakkaa

Dachee kabajamtuun

Baate biiftuun takkaa

Hunda caaltuu lafaa

Biyyoo biyya makkaa....
Jalqaba ifaan haqqii
Achirraan hanga'ee
Kallattii hundaanuu
Addunyaa wal ga'ee....
Roorroof rakkoon cimtus
Hundumaa dandeessee
Qaanqeen ifaa sanaa
Biyyaa keenyas geessee....
Mootin biyya keenyaas
Gammachuun simatee
Gaafas abdii kutee
Adawwiin rifatee.....
Gaafa ifaan haqqii
Habashaa qaqqabee

**Najjaashin immimman
Qabachuu dadhabee....
Dubbiin haqqii ta'uu
Yoosuu isaaf galee
Haqqiin hundaaf ifa
 Beekaa mormu malee...
Najjashin gammachuun
Qabatee shahaadaa
Haqqii ol taasisuuf
Gaafas seene waadaa...
 Najjaashin dubbate
Sagalee ol qabee
Tokkichummaa rabbii
 Habashaaf lallabee.....
Gahee leencaa bahee**

**Kan diinii olqabee
Akkasiin anallee
Shahaadan qaqqabee....
Ifaan haqqii latee
Lalisee fireessee
Gaheen kan kee maali
Dabareen si geessee....
An beekumsa hin qabu
Waa tokko hin danda'uu
Waa hunda barreessuuf
Yeroon naaf hin ga'uu.....**

**Kanaaf keessa fiigee
Tuqee mata duree
Silaa naaf mijatee**

**Tokko hin dhiisu
turee.....**

**Mootota Itoophiyaa
Kan Najjaashii boodaa
Jararraa waan xiqqoo
Mee isiniif qoodaa.....**

**Yohannis afraffaaf
Teewodroos dabalatee
Ummanni musliimaa**

**Biratti salphatee....
Kumaatamni du'ee
Rabbii isaan walgahee
Kumaatamni ammoo
Bar kaafira ta'ee.....**

Biqiltuu Najjaashin

**Gad fageessee dhaabee
Buqqisuuf addawwii
Bara hedduu ta'aabee.....
Mataa irraa murraan
Hiddi latee margee
Kan dhalootni ammaa
Ifaa diinii argee...**

**Milnik lammaffaf
Kan bara zawdituu
Ijji jiraattedhaaf
Bar haqqii hin argituu...
Shiraan ukkamsuudhaf
Gaafas dubbii haqaa
Heedduu musliimotaa
Jijjiiraniis maqaa...**

**Haqqii abaan rabbii
Kunoo jiraachisee
Amantii Bareedduu
Kana nu dhaalchisee...**

**Bara lij iyyaasuu
Kan ija banannee
Roorroo bara meeqaa
Irraa bayannannee.....**

**Masjiida ijaarrannus
Eeyyama argannee
Rabbitti shakkarrus
Yeroodhaf
gammannee....**

**Yeroo xiqqoo booda
Lij iyyasuun kufee**

**Mootummaan zaalimaa
Booda Hayileen dhufee
Ummata musliimaa
Karra nutti cufee.....**

**Hedduun osoo arguu
Dhiisee daandii haqaa
Fakkaatee jiraachuuf
Jijjiiratee maqaa...**

**Ulamoota hidhee
Isa kaan fannisee
Itti yoo naqellee
Kaan bishaan danfisee
Haqqiin har'a geesse
Bar rabbiin hambisee.....**

**Hayleen
awwaalamnaan**

**Booda dargiin dhufee
Roorroon musliimotaa
Ammas itti fufee.....**

**Boodarra kuffisnaan
Rabbiin dargii cabsee
Wayyaanen olba'ee
Mootummaasaa labsee.....**

**Alhamdulillahi
Kan mirga argannee
Jennee osoo fiignu
Yeroodhaf
gammannee.....
Addaan nu qoqqooddee**

**Maqaa nutti baaftée
Ummata musliimaa
Kan gargar facaaftee.....**

**Tokkummaa nu
dhoowwuf**

**Shira meeqa footee
Carraa ulamootaa
Mana hidhaa
gootee.....**

**Hayyoota islaamaa
Hidhatti uggurtee
Waggoota dheeraadhaaf
Kan dararaa turtee**

**Qabsoo dheeraa
booda**

Jarris ni salphattee

**Waan saamte
guurrattee**

**Maqaletti
galtee**

Jara booda yeroof

Biiftun takka baatee

Akka ifaa birraa

Kan iftee hangaatee.....

Dukkana san booda

Kan ifa agarree

**Nu hunduu
gammadnee**

**Rabbitti
shakkarree.....**

Ulamoonni keenyas

Hidhaadhaa ba'anii

**Sosochii eegalan
Tokkummaan ka'anii.....
Ummanni musliimaas
Waamicha dhaga'ee
Ulamaa simate
Tokkummaadhan
ba'ee.....**

**Dhaamsa hayyootarraa
Galaa guduunfannee
Afuu waliif jennee
Kan walimmufannee.....
Ulamoonni ifaadha
Ifaa san ibsannee
Fuuldurattu bahuuf**

**Tokkummaa
cimsannee.....**

**Wayta nu kaanetti
Adawwiin gubatee
Dubbiin haqqii ta'uu
Ilaalee hubatee.....**

**Fiignee dabarfachuuf
Gufuu qaba karaan
Callifnee taa'uudhaf
Obsa dhabee garaan
Bifa jijjiiratee
Jalqabee dararaan.....**

**Egaa har'as jiru
Sanyiin jara kalee
Ummata musliimaa**

Yeroof sobu malee.....

**Kaayyoon jaraa
guddaan**

Kufrii ol kaasuudhaa

Ummata musliimaa

**Addaan
facaasuudhaa.....**

Dammaquun musliimotaa

Yoom isaan raffisee

Mana rabbii gubee

Qullaa nu hambisee.....

Kumaatamni ammoo

Qe'erraa buqqa'ee

Harka namaa ilaaluun

Carraa keenya ta'ee....

**Ta'us kaleessarra
Har'umatu caalaa
Rabbiin ol nu kaasa
Gaaf tokko inshallaah
Kana caalaa jechuuf
Anatuu dadhabaa
Akkanatti hin hafnu
Rabbiin ol nu
qabaa.....
Fuuldura kootitti
Anis waa haajamaa
Du'aayii naaf godhaa
Anaafis yaa jamaa.....**

4, Akkasitti sobee ibliis na dhamaase.....

**Gaafa tokko guyyaa
Anoo banaa ba'ee
Masjiida deemuudhaf
Wuduu godhee ka'ee.....**

**Osoo deemaa jiruu
Nam tokkoon walgarree
Wal barra naan jennaan
Dhaabbadhee wal barree....
Anaa dhufu jedhee
Gammachuun na simee
Suuta natti siqee
Maqaasaa naaf himee.....**

**Na baruu barbaannan
Maqaan koo ibliisii
Maqaan koo kan biraa
Abbaa gammachiisii
Fataa si gochuu fi
Bakka deemtu dhiisii.....
Lakkii hin dhiisu jedheen
Anis mana rabbii
Jechaaf gochisallee
Yoo na raase qalbii.....**

**Ibliisis naan jedhe
Atoo dargaggeessaa
Takkaa fataa jettee**

**Toowbachuu
dandeessaa
Fataa jechuu feenan
Saahiba koo ta'ii
Salaata kee dhiisi
Waliin deemnaa ka'ii...**

**Zinaa dabalatee
Kan shiishaafi kamrii
Anatu harkaa qabaa
Kan hundumaa amrii.....**

**Yeroo gabaabdutti
Haala siif mijeessaa
Baasii tokko malee
Anatuu si geessaa.....**

**Abshiir saahiba koo
Jechuun na jabeessee
Magaalaa salphinaa
Qabatee na geessee
For so many years
Jiruu koo balleessee....**

**Ka fallak gorgis
Yoo feetes hararii
Kaffaltiin nabiraa
Hin sodaatin tarii....**

**Liqeeffadhuu nyaadhu
Hin sodaatin idaa
Chiikis yoo barbaadde
Anatu siif fidaa....**

Maacas ka fallakkoow

Shiishaa fi sigaaraa

Waa tokko hin sodaatin

Irraa kaasi daaraa.....

Akkasitti sobee

Ibliis na dhamaasee

Jireenya namarraa

Kophaatti na baasee....

Gangalachaa bullaan

Gaaf tokko machaa'ee

Waan darbe yoon yaadu

Barii kophaa taa'ee.....

**Way sheenaa koo
jedhee**

**Gaabbiidhan of
waadee**

**Gara rabbii guddaa
Toowbachuu
barbaadee.....**

**Yaa rabbii koo jedhe
Harka koo ol qabee
Anoo salphadheera
Mataan kan koo cabee**

**Dilii koo naaf dhiisii
Naaf godhi
raahmataa**

**Akka guyyaa boruu
Argadhu jaannataa
Yaa jiruu qananii
Jireenya ibaadaa**

Lamuu hin dhiisu jedhee
Rabbiif seene waadaa
Alhamdulillahi
Shukrii rabbii guddaa
Kan namaaf taasisu
Wanta yaadan
hundaa...

Yaa abbaa rahmataa
Irkoo laafaa jabaa
Anis waa si malee
Irkoo eenyun qabaa.....
Sheyxaanni na
sobnaan
Waa meeqa balleessee

**Abbaa biraa hin qabuu
Anoo sitti dheessee.....
Raahmata naaf godhii
Yaada koo naaf guutii
Tasa duuti dhuftee
Lafarraa na fuutii**

**Maaf na gatte jedhee
Sheyxaannis naan
oodee**

**Walitti dhaadachaa
Gargar baane
booddee**

Yaa obboleewwan koo....

Ibaadaa jabeessaa
Yoo feetan gammachuu
Jalaa baraaramuuf
Cinqii mana lachuu.....
Salaata salaataa
Quraana qara'aa
Galaa guyya jabduu
Isatu nuuf ta'aa
Rabbitti irkadhaa
Inni qofti ga'aa.....
Ilaalee taajjabee
Waanuma hubadhee
Wallaala kootirraa
Hangana dubbadhee.....

**Anoo rabbiif jecha
Bar isin jaaladhaa
Bakka jirtanitti
Du'aayii naaf
kadhaa.....**

5, Ay jiruu lafarraa.....

**Jiruu koontiraataa
Jireenya lafarraa
Dhumuunshee hin hafuu
Of dagannus har'aa....**

**Hedduun osoo fiiguu
Naaf dabarti jedhee
Duuti isa fuuti**

Gaafa rabbiin fedhee

Kan qabeenya hores...

Taabba meeqa ba'ee

Laga meeqa bu'ee

Osoo hin nyaatin tasa

Meeqa biraa du'ee...

Naaf dabarti jedhee

Meeqa biyyaa ba'ee

Kan karatti hafee

Soora allaattii ta'ee..

Kan biyaa baqates

Cunqursaan jabaatee

Meeqa karaarratti

Kan galaanni nyaatee.....

Dirqamni jireenyaa

Kan biyyaa fageessee

Aanaaf aaliisaatti

Kan garaa jabeessee

Lakkaa'amee hin dhumu

Kumaafi kitilaa

Jireenyi lafarraa

Gabaabduudha silaa....

Meeqatu rakkatee

Karaarratti ba'ee

Harka namaa ilaalun

Carraa isaa ta'ee....

Inni kaan dhibamee

Siree irratti hafee

Fedhii isaa malee

Halkan guyyaa rafee....

Kuun agartuu dhabee

Itti dukkanaa'ee

Kan halkaniifi

guyyaan

Itti wal qixxaa'ee

Kuun dhageettii dhabee

Mallattoon dubbataa

Kuun mataan dhukkubee

Ofiin dudubbataa

Kuun ilkaanin kolfaa

Keessotti gubataa.....

**Ilmaan baay'ee horee
Kuun waliin rakkataa
Ilmoo tokkos dhabee
Kuun rabbiin kadhataa**

**Ay jiruu lafarraa
Qormaanni kee danuu
Naaf dabarta jedhee
Si eegaara anuu.....**

**Atoo gabaabduudhaa
Dhiisi narrakinii
Rakkinaaf gadadoon
Osoo na hin arginii..**

**Anoo deemuuf jiraa
Yeroodhaaf taphadhee
Rabbiin na gargaarran**

**Xiqqoo daldaladhee
Siinqii guyyaa boruu
Harkatti qabadhee.....**

**Anoo deemuf jiraa
Yaabbadhee bidiruu
Yeroo xiqqoo tanaaf
Narrakkin yaa
jiruu....**

**Akka naaf laaffisuuf
Rabbii koo kadhadhee
Waan si biraan dhufu
Harkatti qabadhee....**

**Sillee hin daganne
Yaa jiruu aakiraa
Dabaree eeggadhee**

**Anoo dhufaa jiraa
Amrii naaf laaffisi
Rabbii kootin jedhaa
Fuula gammachuutin
Siin wal arguu fedhaa.....**

**Osoo fataa jedhu
Akka tasaa kufee
Namni harka
duwwaa**

**Gara kan kee
dhufee.....**

**Namni siin wal gahe
Osoo huju badii
Ee waa salphate kaa
Salphina abadii....**

**Jireenyi addunyaa
Hammam yoo
jabaattee
Filannoowwan danuu
Dhala namaaf
laatte....
Kanumaa dhadhabee
Kunoo ilmi namaa
Jireenyi aakiraa
Filannoonshee lamaa...**

**Milkoofnan
jaannataa
Kasaarran ibiddaa
Fudhachuun
dirqamaa**

**Akkam gootee
diddaa**

Jireenya lafaatif

Namni dhabee sabrii

Akkamiin danda'u

Gaafas fitnaa qabrii...

Siraax dabalatee

Hisaabaaf miizaannii

Gaaf harka bitaatin

Kennameef kitaabnii

Way sheenaa koo jechuun

Gaabbee quba of nyaataa

Mee osoo si ta'ee

Gaafas akkam taataa?.....

**Inni akka kootii
Kan diliin faalame
Abdii hin kutu
rabbiin**

**Yoo naaf
araarame....**

**Mootii rahmanni kee
Waan hunda wal gahuu
Anoo humna hin qabuu
Waa tokko hin dandahuu.....**

**Lakkaa'amee hin
dhumu**

**Wanti an
balleessee**

**Irkoo biraa hin
qabuu**

**Rahmaan sitti
dheessee...**

Atoo garaa laafta

Mootii zalaalamii

Dilii tiyya hundaa

Mee naaf araaramii....

**Azaaba qabrirraa
Rahmaan na
ofkolchii**

**Jaannata naaf
laadhu**

**Dhuma koo na
tolchii.....**

6, TOLLI RABBII GUDDAA KUMAA FI KITILA

**Bismillah jedheetan
Dubbi koo eegalaa
Hamtuuf toltuu maraa
Isatu qeebalaa.....**

**Akkaan garaa laafaa
Akkaan mararfataa
Waa hunda osoo arguu
Irra dabarfataa.....**

**Dandeettii isaatin
Kan bishaan itichee
Lubbuu nutti godhee
Uumee nu biqilchee.....**

**Kan samii utubee
Kan dachii diriirsee
Kan halkaniif guyyaa
Wal faana hiriirsee.....**

Isa gad nuuf roobsee

Dachii jiraachisuu

Sa'aa fi namallee

Asheeta nyaachisuu.....

Wa anzala

Minassamaa'i maa'aa

Lagnisaa hin gogu

Halkan guyyaa

yaa'aa.....

Tottolchee nu uumee

Kan fayyaa nuuf kennee

Baasif xaarii kiyya

Naaf kafalaa hin jennee

Tolli rabbii guddaa

Kumaa fi kitilaa

**Laakkaa'amee hin
dhumuu**

Akkam goona silaa

Osoo diinii qabnuu

Maaf taane jaahilaa.....

Ergamaa nuuf ergee

Diinii nu badhaasee

Kan ifaa nuu kennee

Dukkanaa nu baasee.....

Waa meeqa siif kennee

Waa meeqa siif laatee

**Kan salaata diddu
Mee maaluma taatee....
Lakkii yaa dargaggoo
Lakkii yaa shabaabaa
Jireenyi lafarraa
Baay'isee gabaabaa.....
Sheyxaanni beekeera
Mannisaa azaabaa
Kanaaf si dhamaasee
Karaarra si dhaabaa
Atis yaa abbaa koo
Atilleen yaa harmee
Dhiifama naaf godhaa
Tasa yoonin sarmee.....
Atis yaa shamarree**

**Isheen obboleettii
Naannoftee dabareen
Hundaa bira geettii....**

**Hammam yoo cimtellee
Hammam yoo jabaattee
Nama hunda caaltullee
Qabeenyaan fagaattee**

**Qabeenyaaf jabeenyi
Nama hin oolchu du'aa
As gubbatti dhiisee
Biraa qabrii bu'aa.....**

**Wanti nurraa hin hafne
Kan nu waliin du'uu
Dukkana qabriitis
Kan nu waliin bu'uu.....**

**Dalagaa gaariidha
Kan dur
carraaqannee
Osoo lubbuun jirruu
Buruuf ol
kaawwannee....**

**Kanaafuu salaati
Soomii zaka baasii
Aalif ollaa kankee
Ibaadaadhaaf kaasii....**

**Yeron ol kaawwadhu
Siinqii guyyaa boruu
Ilmaaf qabeenyi kee
Gaafas siif hin
toluu.....**

**Kuun saayinsii baree
Kuun birriin of tuulaa
Bar akkana hin turree
Sahaaban rasuulaa.....**

**Lubbuu wareeganii
Diiniif laphee baatuu
Nagaaf rahmanni
Irra haa
jiraatuu.....
Abubakar, Usmaan
Aliyyiif Umarii
Siraachaw yaamaaraa
Taammaanyoochuu
marii.....**

**Hamzaa fi Kaalid faa
Ye jagnyoochuu
jagnaa
Kan seenan dubbatu
Goota meeqa
qabnaa.....**

**Daran dubbachuudhaaf
Anatu wallaalaa
Ilmi abbaan waa hin barin
Wallaaluma dhaalaa
Ka'aa diinii barraa
Diinii baru caalaa.....**

**Ilmooshee diiniidhan
Yoo hin guddisin
haatii**

**Duudhaaf safuu
gattee**

**Karaarratti
yaatii.....**

Atis haati ilmaa

Yaa haadha intalaa

Atis abbaan ilmaa

Yaa abbaa intalaa

Ilmaan kee diiniidhaan

Guddisuun siif malaa.....

Ta'uu baannan garuu

Bu'aansaa kasaaraa

Anaa badu jettee

Sumatu of abaara

Biqiltuu gadhaabuun

Yoo bishaan obaaftee

Itti dalleessitee

Yoo jala akaaftee.....

Daraaree fireessee

Kan firiidhaan kufuu

Ta'uu baannan gogee

Sitti ta'aa gufuu.....

Ilmaan kees diiniidhaan

Guddisuun siif malaa

Yookaan alabbahee

Nyaataaf sitti galaa.....

Dubbiin baay'atteefis

Harreetti hin fe'anii

Hayyoonni kaleessaa

Akkas nuun je'anii

**Dhiifama naaf godhaa
Xumureera anii.....**

**1)
Dargaggoo(Shabaaba)
Islaamaa**

**Nagaaf rahmanni
Inni rabbii guddaa
Irra haa jiraatu
Musliimota hundaa..✓✓**

**Bismillah jedheetan
Ergaa koo jalqabaa**

**Shabaaba
musliimaa**

**Dhaamsa isiniif
qabaa....✓✓**

**Obsaan yoo dubbistan
Dhaamsa koo gabaabduu
Isheenuu muraasa**

**Ergaas baay'ee hin
qabduu....✓✓**

**Dhaamsi kootis
kana**

**Yoo naaf
dhageessanii**

**Anas dabalatee
Hundumti
keessanii.....✓✓**

Osoo adda hin qaadin

Dhiiraa fi dubartii

Miseensa musliimaa

Warri taane martii.....✓✓

Anaa fi atilleen

Warri

dargaggeessaa

Dargaggoon

musliimaa

Jaarraa kana

keessaa....

Mee of haa ilaalluu

Nutuu akkam jirraa

Nuura islaaamummaa

Rabbiin fuudhee nurraa.....✓✓

Daangaa rabbii
cabsuun

Karaarratti
yaanee

Saahiba
sheyxaanaa

Hundi keenya
taanee..

Muuziqaan jaalalaa
Zikrii keenya ta'ee
Fasaadni baay'atee
Addunyaa wal ga'ee.....✓✓

Kamrii dabalatee
Aarsu fi
qama'uun

deemnee **Ifaa biraa**
dhama'uun **Dhukkanaan**
Fakkeenya godhannee
Yahuudaaf nasaaraa
Kan diiniif duniyaas
Kan seennef kasaaraa.....✓✓
guutun **Osoo ifaa qabnuu**
simannee **Dukkana filannee**
Har'a fataa jennee
Yeroof yoo gammannee
Fedhii ibliis

Tasa duuti dhuftii

Gaafa san salphannee....✓✓

Online korraan

Data kee

banattee

Kayyoo

islaamummaa

Sirumaa

dagattee.....✓✓

Haraama daldaluu

Kan hojii godhattee

Rabbiin si argaara

Namas yoo dhokattee....✓✓

Meeqa

goowwomsitee

Karaatti
hambiftee

Kabajaa irraa
fuutee

Meeqa immoo
salphiftee.

Yaa dubra musliimaa
Maalif akkas taatee
Kabaja mulqattee
Karaarratti baatee.....✓✓

Ni'imaa hunda
caaltu

Rabbiin si
badhaasee

Maali ree rakkinni

Karaatti si
baasee.....✓✓
Maaf ta'uu filatte
Saahiba ibliisii
Karaan kun sin baasuu
Lakkii ifirraa dhiisii.....✓✓

Har'a
shawwadamtee
Asiif achi kaattee
Kabajaa kee
guddaa

Durriyyeedhaf
laattee...
Boru ni gaabbita
Kasaaruu kee bartee
Of duuba hin deebitu

Carraan si dabartee.....✓✓

**Maaltu si
dhamaase**

**Osoo qabdu diinii
Musliimaa
taasisee**

**Si uuma
rabbiinii.....✓✓**

Fakkeenya godhattee

Nasaaraf yahuudaa

Ummata jallataa

Jara qalbiin duudaa.....✓✓

**Nutuu seera
qabnaa**

**Diinii keenyan
bullaa**

Atoo jara ilaaltee
Maalif deemta
qullaa....✓✓
Akka siif laaffisuuf
Rabbii kee kadhattee
Daandii qajeellumaa
Ganamaan gabattee.....✓✓
Faashina
yahuudaa
Hundumaa
tuffattee
Mallattoo
musliimaa
Jilbaaba
uffattee.....✓✓
Rabbiin si badhaasa

Abbaa manaa gaarii
Yeroo gabaabdutti
Kan hin qabne xaarii.....✓✓
Karaan biraa hin
jiru
Kanuma siif
wayyaa
Fakkeenya
godhadhu
Kadiijaaf
Sumayyaa.....✓✓
Lakkii yaa dargaggoo
Lakkii yaa shabaabaa
Jireenyi lafarraa
Baay'isee gabaabaa.....✓✓

**Sheyxaanni
beekeera**

**Manni isaa
azaabaa**

**Kanaaf nu
dhamaasee**

**Karaarra nu
dhaabaa....✓✓**

Bar akkana hin turree

Shabaabni islaamaa

Kan gaaddisa taa'u

Gaaf guyyaa qiyaamaa.....✓✓

**Dargaggoo
jaannataa**

**Saahiba
quraanaa**

Sheyxaanni
sodaadhaf
Kan hin deemne
faanaa.
Kan halkan dukkanaa
Masjiidatti kaatuu
Salaata hundumaa
Jamaadhan salaatuu.....✓✓
Faayidaf osoo
hin taane
Rabbiif wal
jaallataa
Kan rabbiin
kaadhimeef
Misirroo
jaannataa...

Fedhii kumaatama
Rabbiif jecha obsee
Karaa rabbiirratti
Dafqa meeqa cobsee.....✓✓
Fakkeenya
godhannee
Isarraa waa barraa
Guyyaa keenya hin
beeknu
Tasa duunee
tarraa.....✓✓
Abubakir, Usmaan
Aliyyiif Umari
Fakkeenya godhadhu
Isaanirraa barii.....✓✓

faa **Hamzaa fi Khalid**

dubbatuu **Kan seenan**

gubatuu.....✓✓ **Haqqii ol taasisuuf**

Diina hamilee cabsuun

Kan dadhabsiisanii

Ifaa islaamummaa

Kan nuuf qabsiisanii....✓✓

godhu **Rabbiin nu haa**

Rijaala akka jaraa

Ofiif shahiidanii

**Kan nuuf baasan
karaa..
An beekumsa hin qabu
Wallaalan katabee
Rabbiin naaf haa dhiisu
Yoon kararraa dabee.....✓✓
Yoo haasofni
kankoo
Isin cabse
qalbii
Afuwan naaf
jedhaa
Obboleewwan
rabbii.**

8) Yaaddon kee na miidhe...

**Torban lamaan dura
Si arguuf dharra'ee
Hamma siin wal arguuf
Qalbiin koo rarra'ee.....##**

**Galata ilaahii
Kan waliin nu
gahee**

**Anoo siin wal
argee**

**Abbaa carraa
tahee.
Jaalala keetirraa**

Yaaddon natti cimee

Anaa dhufu jedheen

**Gammachuun si
simee.....##**

**Siin wal gahuu
kootif**

**Ta'ee abbaa
carraa**

**Si obsuu hin
danda'uu**

**Hin fagaatin
narraa.....##**

Hiriyoota kan kee

Hunda si caalchisee

Rabbiin si filatee

Kan ol si taasisee.....##

Shahrurramadaani

**Yaa shahra
raahmataa**

**Kan keessa
banamtuu**

**Balbalti
jaannataa**

Kan keessa cufamu

Balbalti azaabaa

Ayyaamamma'duudat

Guyyoota gabaabaa...

**Yaa
shahrurramadaan**

**Taasa garaa
laaftaa**

Jaalalaan
moo'attee
Hunda qalbii
raaftaa.
Hunduu siin walgarraan
Jaannata kajeelee
Kan kararraa dabees
Karaatti qajeelee.

Kan duraan
jallatee
Sheyxaanaf
amanee
Meeqa si
jaallatee

**Ibliisin wal
ganee...**

Kan qalbiin najasaa

Qalbii xahaarsitee

Kan waliin oodullee

Walitti araarsitee.....##

Lafa guutuu ibse

Ifaan kee

hanga'ee

Urgaan foolii

keetii

Addunyaa wal

ga'ee.....

Qalbii musliimotaa

Kan miiccee micciirtee

Guyyaa muraasatti

Nama hundaa jijjiirtee.....##

**Kanaaf na
mararta**

**Kanaaf si
jaaladhaa**

**Sirraa
milkaahuudhaf**

**Rabbii kan koo
kadhaa.**

Musliimota meeqa...

Siin wal arguuf jedhee

Osoo boossu qalbiin

Guyyaan isaa gahee

Kan fudhate rabbiin.....##

**Yaa
shahrurramadaan**

**Maaf garaa
jabaattaa**

**Suuta deemi
malee**

**Maalif akkas
kaattaa.....**

Si bira osoo jiruu

Si yaadara anii

Har'a meeqa jennaan

Naan jedhan kudhanii.....##

**Amanuu
dadhabee**

**Qalbiin kan koo
nahee**

Osoo lama
jedhuu

Eessaa kudhan
gahee

Yaaddon kee na miidhe
Anatti jabaatee
Na dhiiftee kophatti
Atoo deemuf kaatee

Hundaaf garaa
laafta

Hundaaf kennaa
hirtaa

Nu dhiiftee
deemuudhaf

Akkas fiigaa
jirtaa...???

**Osoo tokko hin jedhin
Kunoo kudhan geessee
Anoo jaalalli kee
Qalbii na madeessee
Na dhiiftee deemuudhaf
Akkamiin dandeessee
 Gabroottan
rabbiitif
 Ati bar badhaasaa
 Dhaamsa koo
dhagahi
 Mee sittan
hasaasaa.....
Atoo keessummaadha
Keessoo koo siif himaa
Rabbiin na haa tolchuu**

Anallee kaatimaa.

qiyaamaa **Gaaf guyyaa**

ba'ii **Mee ragaa naaf**

seenuf **Jaannata akka**

ta'ii **Sababa naaf**

Lakkaa'amee hin dhumu

Anoo badiin kiyyaa

Irkoo biraa hin qabuu

Rahmaan sumatti iyyaa

Ammas fuulduratti

Danuu qaba niyyaa

naaf guuti **Niyyaa koos**
dhiisii **Badii koos naaf**
firdoowdin **Jaannatal**
gammachiisii **Mee na**
Rakkoo baay'ee qaba
Keesson koo madaadhaa
Keessa koos argitaa
Sumatuu ragaadhaa
milkeessi **Rahmaan na**
guutii **Yaada koos naaf**

darbin **Osoo naaf hin**
duutii.. **Na hin fudhatin**
Yaa arahmarrahimiin
Hundaa sitti himadhee
Shahrurramadaanin
Gammachuun
simadhee.....##
milkaa'uu **Atoo na taasisi**
bareedaa **Nama irraa**
yaa'uu **Jaannata**
Lagni jala

Ati na badhaasi

Yaa mootii aalamaa

Atoo na milkeessi

Milkaa'un haajamaa

Osoo hin

milkaa'in

Yoo baane

gargarii

Isa bara dhufuu

Maaltu beeka

tarii

Yaa jamaa musliimaa

Waa isiniif himaa

Yeroo hafte tanaan

Ibaadatti cimaa

Kan qoosan
dabarsan

Warra
abaaramuu

Rahmaan nu
taasisi

Warra
baraaramuu

Waanta fuuldura kee

Kan beeku rabbumaa

Siif ta'uu danda'aa

Ramadaana dhumaa

Ibaadatti cimaa

Du'aayii jabeessaa

Warra baraaramu

**Kurnan boodaa
keessaa**

Rabbiin nu haa godhuun

Dhamsa koo dhumaatii

Halkan milkiin isaa

Kan baatii kumaatii

**Nu haa
Badhaasu kaa**

**Mootin dachiif
samii**

**Badhaasni
gabrootaf**

**Kana caalu
kamii..?**

Gabaasuudhaf ture

Dura kan koo yaannii

Tasa osoo hin beekin

Naan lixe galaannii

**Bishaan daakee
hin toluu**

**Rabbuma koo
kadhee**

**Bahaarirraa
maankan**

**Bichuu
habbuuqadhee**

Yaadaan osoo fiiguu

Akka abidda saafaa

Daakee qaxxamuruuf

Humni kan koo laafaa

**Damma osoo
mi'aawu**

dhiisanii **Yoo dhume**
kadhaa **Du'aayii naaf**
 Xumureera anii

9) Kennaa Hunda Caalt

Assalamu aleykum
Obboleewwan diinii
Kennaa hunda caaltu
Nuuf kenne rabbiinii.....%%
 Warri biyya
keessaf
 Kan jirtan biyya
alaa

Rabbi isin baasu
Dhibee kana
jalaa.....%%
Anis wallaalaadha
Kan waa beeku hin taanee
Daaw'aa gochuuf miti
Silas hin qaraanee.....%%
Garuu nan
dubbada
Wallaallummaas
taatuu
Ergamaa
rabbiirra
Nageenyi haa
jiraatuu
Waa biraatii mitii

**Wanti jechuu fedhee
Yaa warra amantan
Kan rabbiin nuun jedhee
Jaannata
qopheessee
Kan waadaa nuuf
seenee
Jiruu
addunyaadhaa
Ibaadan yoo
ceenee
Kan dukkana uumee
Ifaatti jijjiiruu
Jaannatas qopheessee
Nuun jedhus abshiiruu**

hunda **Gabroota isaa**
jaallataa **Rabbiin ni**
jedheen **Qopheeffadhaa**
jaannataa **Kaffaltii**
Ana tokkichoomsaa
Anuma gabbaraa
Natu isiniif guuta
Wanta yaddan maraa
soomtanii **Salaata fi zakaa**
soomas yoo

qabdan **Kan qabeenya**

gootanii **Hajjis yoo**

Isin gammachiisuf

Waadaa isiniif galee

Mana duuti hin jirre

Yoo jireenyaa malee

rabbiin **Nuun jedheera**

Mootin zalaalamii

Kan jaannata caalu

Milkiin biraa

kamii...??

Kennaa kana caaluu

Sila kam feetanii

Jireenya lafarraa

Zalaalam seetanii

**Maalif of
dagattan**

**Ibaadaa
dhiiftanii**

**Sheyxaana
jallataa**

**Maaf
gammachiiftanii**

Jiini keessa jirru

Ji'a rahmataatii

Kan keessa banamtu

Hulaan jaannataatii

Ayyaamamma'duudaat

Guyyoota
gabaabaa

Kan keessa
cufatu

Balbalti azaabaa
Akkamiin simannee
Akkamitti jirraa
Osoo hin fayyadamin
Akka hin kunne sirraa

Fagoodha osoo
jennuu

Kan nu bira
ga'ee

Akkaan fiigaa
jiraa

**Kinoo deemuuf
ka'ee..**

**Duuba maal eegna ree
Haa saammannuu lakkaa
Carraan nu dabarraan
Hin deebi'u takkaa
Kanaafin yaadda'ee
Qalbii koo of rakkaa**

**Yaa rabbi nuuf
kenni**

**Nu hanqisin
qoodaa**

**Kinoo itti seenuf
Dhufe kurnan
boodaa...**

Rahmaan nu milkeessi

Mee leeylatulqadrii

Warra milkiin tolee

Hammaarratu ajrii

Yaa mootii

aalamaa

Gara laafan

sumaa

Warra

badhaafamu

Milkii baatii

kumaa

Rahmaan nu taasisi

Gabroota kee gaarii

Dilii keenya cufaa

Yaa rabbii nu maarii

qabna **Si malee maal**
siinii **Jiruun keenya**
guuti **Yaada keenya**
diinii..... **Kan duniyaaf**
Waa isiniif dhaama
Obboleewwan rabbii
Rabbiin sodaa isaan
Nuuf haa jiisu qalbii
rabbiitirraa **Kennaa**
hafinii **Hoongoftee hin**

Yeroon rafan
kuttee

Dammaqi
hirrafinii

Yeroo hafte tanaan
Jabeessi ibaadaa
Quraana qara'uu
Haa godhannuu aadaa

Hundumaafuu
gaha

Kennaan rabbii
guddaa

Warra
milkaa'erraa

Haa godhu nu
hundaa..

**Jechuudhan gabaabsa
Walaloo koo har'aa
Fedhii rabbii taanan
Gaaf biraa walgarraa**

**A B C D jechuun
Qubeewwan
tarreessee
Dhaamsa koo
gabaabduu
Isiniif barreessee
Ergaan gabaabdun tun
Namni bira geessee
Share gochuu hin dagatin
Hammuma dandeessee**

Anaafis du'aayii
Naaf kadhaa yaa
jamaa

Gara fuulduratti
Waa danuu
haajamaa
Hunduma keessanuu
Rabbi haa eebbisuu
Jazaa ammoo jaannataan
Isiniif haa deebisuu

4)Ramadaana Milkii
Rabbiin Nuuf Godhu

Asalaamualaykum

Akkam nagaajirtuu

Kan dhiiraf dubaras

Musliimonni martuu

**Soomanni isin
biraan**

**Mee akkam
fakkaataa**

**Nu biraa
deemuudhaaf**

**Kinoo akkas
kaataa**

**Meeqa keenyatu
irraa**

**Fayyadama
laataa**

Tokko lama jennee

Kinoo kurnan boodaa

Rabbiin danda'aadhaa

Nu hin hanqisin qooda

Leylatulqadriinis

Kurnan kana

keessaa

Salaataf sadaqaa

Du'aayis

jabeessaa

Kennaa rabbii guddaa

Namni biraa rafee

Namni kennaa kana

Hin milkaa'in hafee

Dhugumaan

dhabeera

**Waan dhabuun hin
mallee**

**Warra
milkaa'erraa**

Na godhi anallee

Hedduudhatu jira

Laafan akka kiyyaa

Atoo garaa laafta

Mee nuuf guuti niyyaa

**Osoo adda hin
qoodin**

**Musliimota
hundumaa**

**Waliin nu
milkeessi**

Ajrii baatii kumaa

Kan suuta dubbateef

Isa ol kaasellee

Isa kophaa taa'ee

Sitti hasaasellee

Hundumaa argita

Hundumaa

dhageessaa

Waliin nu

milkeessi

Rahmaan ni

dandeessaa

Waan hundaa keessatti

Atoo danda'aadhaa

Rahmanni kee guddaan

Hundumaaf ga'aadhaa

**Qooda
ramadaanaa**

**Iraa nu badhaasii
Qixaaxa keetiraa
Mee najaa nu
baasii**

**Ramadaana milkii
Nu maraaf haa ta'uu
Isa itti aanus**

**Rabbiin nuun haa ga'uu
Du'aayii nuuf
kadhaa**

**Obboleewwan
diinii**

**Waliin haa
milkeessu**

**Nu hundaa
rabbiinii**

10) Kanaaf Rabbiin Erge

**Fasaadni baay'atee
Addunyaa walga'ee
Haraama daldaluun
Kan hojii nuuf ta'ee**

**Bara safuun
dhibee**

**Dubri qullaa
yaatee**

**Qarshiidhan
bitamnaa**

Zinaan halaal
taatee
Hin nyaatinaa jedhee
Kan rabbiin abaaree
Horii ribaa fuudhee
Namni fooqin ijaaree
Wal jaalachuun
dhibee
Wal jibbaan
hammaatee
Ummanni wal
jibbee
Haqqii walii
nyaatee
Qilleensi addunyaa
Shirkiidhan faalamnaan

**Rabbitti amanuun
Yakkatti ilaalamnaan
Roorroon bahaaf
lixaan
Musliimatti
cimnaan
Namni nuuf
dubbatu
Addunyarraa
dhibnaan
Kanaaf rabbiin erge
Waraanasaa jabaa
Amrii waan hundaatu
Isatu harkaa qabaa
Harkaan hin
qabamu(COVID)**

**Ijaan hin muldhatuu
Sagalees ol kaasee
Namatti hin dubbatuu
Mootota addunyaa
Kan qaban dhageettii
Warra misaa'elaa
Warra taankiif jeettii
Hundaa
sodaachisuun
Harka kennachiisee
Rabbiin itti jiraa
Hojiisaa yoom
dhiisee
Sheyxaanni jallisee
Qalbii teenya gogsee**

Kunoo badiin keenya

Mana rabbii onsee

Mana rabbii mitii

Qalbii teenya onee

Rahmannisaa hin

dhibu

Hammamis yoo

bonee

Manni rabbii hin onuu

Kana beekaa garuu

Rabbiin baay'ee qaba

Gabra isa gabbaruu

Manni isaa guutuu

Bar mootii abadaa

Malaykatu guutee

Keessatti sagadaa
Nuti ilmaan namaa
Maal kan akkas taanuu
Yoomis rabbiin malee
Taabba takka hin baanuu
Uuman dachiif
samii
Hundumti isaanii
Gaarren
dabalatee
Mukaafi bishaanii
Aduun ifaan ishee
Addunyaa wal ga'uu
Baatin halkan ba'ee
Samirraa hanga'uu

tuutan **Urjiin tuuta**

Kan tarree galanii

baldhoof **Faaya samii**

Simboo dabalanii

Uuman rabbii guddaa

Kumaa fi kitilaa

Kan ijaan argineef

Kan argintu jiraa

Tokko lama

jechuun

Osoo

tarreessinee

Umrii keenya

guutuu

Osoo
barreessinee
Nutoo hunma hin qabnu
Waa tokko hin dandeenyuu
Himnee fixuu dhiisaa
Yaadan bira hin geenyuu
Kanaaf yaa
ummataa
Wanti jechuu
fedhee
Yoomillee ni ta'a
Wanti rabbiin
jedhee
Waa tokko hin hir'isnu
Mootummaa rabbirraa
Wal horree baay'annus

Facaanee dachirraa

Rahmata isaatin

Bar jiraachaa jirraa

Kan waa hunda
keessaa

Jalaa bahuuf
balaa

Isatti
dheessuudha

Kan nuuf ta'u falaa
Lakkaa'amee hin dhumu

Wanti balleessinee

Irkoo biraa hin qabnuu

Sumatti dheessinee

Dilii teenya
maraa

maarii **Yaa rabbii nu**
hundaa **Qixaaxa kee**
Haala keenya tolchi
Nasrii nu badhaasii
Dhukkubaaf hiyyummaa
Ati nurraa kaasii
barbaadeti **Jechuu**
diinii **Obboleewwan**
deebi'aa **Gama koo**

Nuun jedhe
rabbiinii
Osoo nu toowbannee
Gara isaa qajeellee
Furmaata waa hundaa
Rabbirra kajeellee
Milkii mana lachuu
Rabbiin nu
badhasaa
Balaa bu'ee jirus
Dafee nurraa
kasaa
Kan dhufaa
jirullee
Bar jalaa nu
baasaa

**Wallaalummas taatu
Jechoota tarreessee
Dhaamsa xinnoo tana
Isiniif barreessee**

**Gabaabsuu
fedheetan**

**Naaf mijatuu
didee**

**Yaanni wal
harkisee**

Kunoo as na fidee

Silas ilmi namaa

Dhogongora hin dhabuu

Ergaa koo gabaabduu

Kana yoon katabuu

Dhiifama naaf
godhaa
Isa kaan
sirreessaa
Yookan na
qunnamaa
Yaada naaf
barreessaa

11) Anoo Deemuuf Ka'e

....., 26, 27, 28,29.....

Anoo deemuuf ka'ee

Dafaa na saammadhaa

Hamma wal garruufuu

Nagaa nadhaammadhaa

**Ummata
musliimaaf**

**An kennaa
rabbiitii**

**Qulqulleessaa dilii
Saamunaa
zambiitii**

**Yaa warra amantan
Jechuun isin yaamee
Ramadaana soomaa
Kan isiniif dhaamee**

**Akka
sodaattaniif**

**Rabbiin na
wajjabee**

jiraatee **Lubbuudhan**

qaqqabee **Namni na**

Rabbiin kennaa guddoo

Ana keessa kaa'ee

Kan dhugaan na soome

Dhugumaan milkaa'ee

Isiniif badhaasa

Anoo rabbiin biraa

Halkan kabajamaan

Ana keessa jiraa

Halkan tokkichisaa

Caalu baatii kumaa

Badhaafamuu feenan

Kurnan gara dhumaa

Ibaadatti cimnaan

Kurnan boodaa

keessaa

Keeyrii halkan

sanaa

Rabbiin si

milkeessaa

Kan rabbiin kadhateef

Ni baati haajanii

Kan rabbiin milkeessef

Qabama baajannii

Anoo deemuf

ka'ee

Kinoo isin biraa

**Yeroon koo
dhumaara**

**Qophaa'utti jiraa
Yaa nama dhugumaan
Natti fayyadamtee
Rabbitu siif guuta
Waan ati haajamtee**

**Anoo nan deebi'a
Waggaadhan
naanna'ee**

**Kan wal hin
argines**

**Ajalli isaa ga'ee
Kan wal arginuulleen
Ammaaf nagaattii
Qiyaamaa nan dhufa**

Fayyadamnaan nattii

kinoo **Nuun jedhaara**

baranaa **Soomanni**

musliimaa **Yaa jamaa**

jaranaa **Maal jettu**

Gammachuun simannus

Beelamni ga'eeraa

Maalin gaggeessinu

Deemuudhaf ka'eeraa

qabaa **Isa bara dhufuu**
Rabbitu harkaa

Lubbuudhan
jiraatee

Eenyutu
qaqqabaa
Osoo bira hin geenye
Ramadaana dhufuu
Guyyaan isaa geenyan
Hedduudha kan kufuu

Yaa mootii
aalamaa

Kanas nu
milkeessii

Isa bara dhufuus
Nagaan nu
geessii
Jennee haa kadhannuu

Cimsinee du'aayii

Fayyaaf umrii wajjiin

Ibaadan nu faayii

Dilii teenya

maraa

Yaa rabbi nuuf

dhiisii

Har'a addunyatti

Milkiidhan nu

kiisii

Jaannatal

firdoowsiin

Bor nu

gammachiisii

Jennee haa kadhannuu

Jechuu fedheetanii

**Dhiifama naaf godhaa
Xumureera anii**

***Waan dubbiftaniif
galatoomaa.....!!!!***

***Barreessan Qaasim Kadiir
Arsii Asakoo
Bara 2012***

☐ *All Rights Reserved.*

Yaadaf qeeqa yoo qabaattan

Mob **0919638998**

Telegram

https://t.me/KasimK_telegram

RAMADAN
MUBARAK.....!!!!!!

